CLADDING SAFETY Victoria

Nageenya ibiddaa keessatti namni hundi gahee mataa isaa qaba

Goorroo gara alaa gamoo keessanii irratti huccuun haguuggii kan gubate argame jechuun gamoon keessan nagaa miti jechuu miti. Haa ta'u malee, tokkicha ibiddi jalqabnaan huccuun haguuggii sun tarii babal'insa ibiddichaatiif qooda olaanaa qabaachuu danda'a.

Balaa ibiddaa hir'isuudhaaf akkasumas nageenya keessan, kan ollaa keessanii akkasumas maatii keessanii eeguudhaaf ejjennoowwan hordofuu qabdan muraasni ni jiru. **Yeroo balaan tasaa mudatutti, 000 (zer sadii) irratti bilbilaa.**

Oobdi irra taa'uudhaan sigaaraa hin xuuxiinaa

Oobdi irratti midijjaawwan (barbecues) hin fayyadamiinaa

Oobdi irratti qaruuraawwan gaazii hin kuusiinaa

Akeekkachiiftuun aara ibiddaa akka hin haguugamne yookin addaan hin citne akkasumas akka ji'a ji'aan ilaalaman mirkaneessaa.Waggaa waggaadhaan baatirii Vooltii sagal qabuun bakka buusaa. Baatirii Litiyemii waggaa 10 fayyadamuun gara akeekkachiiftuu aaraatti jijjiiruu keessan ilaalcha keessa galchaa.

Oobdiwwan, daddabarsiiwwan akkasumas daandiiwwan gadhiisii balfaa fi kosii irraa qulqulleessaa. Karoora gadhiisii qabaachuu keessan mirkaneeffadhaa.

Huccuuwwanii fi meeshaalee biroo yoo xiqqaate kutaalee qorrisiistuu qilleensaa irraa meetira tokko fageessaa

VICTORIA

https://www.vic.gov.au/cladding-safety